

Hawaan Kiisii koo keessa



Lafa



Julieta Fierro

Dhaabbata Astiroonomii

UNAM, México

Grażyna Stasińska

Observatory Paaris

Lafa kanarra lubbu qabeeyyii adda addaa
guddaatu jira!



Bineensota balali'an...

Madda,Vista Palenque

... kannen lafa
irra deeman



Madda: Bineensota A-2



Madda:Akuwaariyamii Niw Ingi

... fi kanneen galaana
keessa daakaa
jiraatan.



Madda:Yuuuniversiti Toroontoo

Lafti boca Isfeerikaalii
kan qabdu yoo ta'u,
baqqaana gaasii haphii
ta'een kan
Uwifamteedha.
Atimoosferii :
atmoosferiin wanta
jireenyaaaf
murteessaa ta'eedha.

Lafti pilaaneetii nuti irra jiraannudha. Amalli isaa inni adda ta'e jireny - bifa baay'ee adda addaatiin kan qabate ta'uu isaati.

Sirna Aduu keessatti pilaaneetonni lafa fakkaatanii fi kanneen biroo urjiilee fagoo ta'an irratti naanna'an jiru, garuu hanga ammaatti isaan keessaa tokkollee irratti jireenyi hin argamne.

Lafti boca akka ispheerii qabdi. Innis gaazii haphii qilleensaa jedhamu kan qilleensa nuti hafuura baafannuu fi simbirroonni fi xiyyaaronni keessa balali'an keessatti marfamee jira.

Atimoosfeeriin raadiyaashiniin miidhaa geessisu irraa nu eega, bishaan galaanaa hundi gara hawaatti akka hin hurkinee taasisa, akkasumas lafti akka hin qabbanoofnee fi hin cabboofnee taasisa.

Galaanонни qaama lafa harka afur keessaa sadii uwvisu. Jirenyi baay'een kan argamu galaana keessatti, sababiin Isaas wantootni barbaachisoon bishaan, anniisaa, oksijiinii fi soorata hundi galaana keessatti argamu.



Lafti sirna Aduu guutuu waliin
duumessa gaasii urjiilee gidduu
jiruu fi dafqa kan fakkaatu
irraa (Hubble Space Telescope)
uumamte.



Sirna Aduu osoo
pilaaneetonni hin
uumamin dura.
(Hiikcaa aartii Don Dixon
ttin)

Tuutni meeshaalee
walitti bu'anii Lafa
uumuu.
(Hiikcaa aartii Don Dixon,
cosmographica.com)



Caasaa Lafaa tilmaamuuf waa'ee boqqolloo
yaadi. Zooniin sanyii silaa wiirtuu, kan



foon keessaa baqfame ta'a
ture, akkasumas gogaan isaa
Qola (Crust), bakka
galaanonni fi ardiileen itti
argam^{an} ta'a.

Sirni Aduu waggoota biliyoona 4.6 dura duumessa guddaa gaazii fi dafqa irraa uumame. Giddu-galli duumessa walitti duufa'an sun Aduu ta'e. Duumessi hafe, naannoo Aduutti naanna'ee, tuuta uumuun walitti bu'ee, ho'a baay'ee maddisiisuu fi tuuta gurguddaa uume. Tuuta gurguddaa kana keessaa tokko Lafa ta'e.

Jalqaba irratti Lafti akka laavaatti baqxee turte. Yeroo booda qabbanaa'uu kan jalqabe yoo ta'u, elementoonni albuudaa isaa addaan ba'uu jalqaban. Kanneen salphaa ta'an gara gubbaatti ol yaa'anii qola(crust) haphii uumuu. Kanneen ulfaatoo ta'an gara wiirtuu lafaatti liqinfamuu.

Akkasitti baqqaanonni hedduun uumaman: wiirtuu; sibiilaa Ayiraanii fi niikeelii irraa kan uumame, gidduu lafa(mantiili), dhagaa baqfame kan akka laavaa irraa uumame, fi qola(crust), baqqaana alaa kan ardiilee uumudha. Bishaan fi qilleensi I baqqaana alaa kana keessa jiru.



Kirkirri lafaa yeroo baay'ee Lafa irratti mul'ata. Kanneen ciccimoon miidhaa guddaa geessisu, kan akka Heeyitii kanaa (Scientific American).



Geysir, the Icelandic **geyser** that gave its name to all the others (Viator)



Photo: Thrainn Kolbeinsson

Amajjii 19, 2021, kirkira lafaa xixiqqoo kuma hedduu booda, **volkaanoon** haaraan Aayislaanditti mul'ate, maqaan isaas Geldingadalir jedhame moggafamee.

Lafti maagneetii guddaa, kan kompaasii gara utubaa kaabaa ykn kibbaatti akk godhudha.
(Tech Explorist)



Qolli isaa faffaca'ee jira. Innis akka ciccitaa puzzle jigsaw, isa "pileeti/plates" jedhamu ti. Isaanis walitti fufiinsaan mantilii viiskoosii, "magma" irratti socho'u. **kirkirrii lafaa** kan uumamu yeroo pileetin tokko isa kan biraa waliin walitti bu'udha.

Maagmaan yeroo karaa caccabaa keessa miliqee fuula lafaa ga'u argatu **volkaanoo** uuma.


Bakka tokko tokkotti qolli (crust) holqa gadi fagoo bishaan qabu of keessaa qaba. Ciinaa gara jalaatti maagmaan bishaan kana ho'isa.

Bishaan yeroo danfu, danfi gara gubbaatti ol ka'ee akka utubaa bishaan ho'aa: **geeyzariitti** ari'ama.

Wiirtuun lafaa sibiilawan naanna'uun **dirree maagneetii** kan akka maagneetii guddaatti tajaajiluu uuma. Gosoонни bineensotaa hedduun, kan akka simbirroota godaanani fi doolfiinotnii, bakka bakkatti socho'uuf(navigate) dirree maagneetii fayyadamu.

Galanonni lafa %70 kan uwwisan ta'us,
galaanonni giddu galeessaan gara km 5 qofa
gadi fageenya waan qabaniif (raadiyaasii lafaa
km 6400 wajjin wal bira qabamee yoo
ilaalamu) bishaan ulfaatina isaa keessaa
%0.16 qofa bakka bu'a.

Hammii bishaan soogidda
ulfaatina lafaa wajjin wal
bira qabamee yoo
ilaalamu akka baaqelaa
boqqolloo wajjin wal bira
qabamee ilaalamuti.
Qabeen bishaan qulquulluu
ammas daran xiqqaadha.



Madda: Hawaard Perlman,



Volkaanoowwan
Faransaay keessatti
dhabaman (Parc du
Massif Central)




Mul'ata aartii tiifuu
meetirooyidii
waggaa biliyoona
3.8 dura lafa irratti
kufe (madda NASA)

Bishaan Lafa Irraa

Fuulli lafaa olka'iinsaa fi gadi bu'iinsa kan qabu yoo ta'u, bishaan bakka olka'aa irraa gara gaditti yaa'a. kun bakka jireenyi itti argamuudha. Lubbu qabeeyyiin hundi bishaan % 60 hanga 90 irraa ijaaramani. Bishaan caasaa seelii kan eegu yoo ta'u, soorata bakka tokko irraa gara bakka biraatti geejjibsiisuu fi balfa balleessuuf akka meeshaalee geejjibaa ta'ee tajaajila. Bishaan eessaa dhufe? Yeroo lafti uumamtu baay'ee ho'aa waan turteef bishaan gubbaa jiru hundi jechuun ni danda'ama ni danfe. Yeroo lafti qabbanaa'aa deemtu volkaanонни fi geeyzароонни(geysers) danfa bishaanii gara qilleensaa naannootti dhangalaasu. Akkasumas Koomeetonni lakkoofsaan baay'ee bishaan cabbaa'aa irraa Uumamanis gara lafaatti kufu, Kanaafuu, bishaan lafaa baay'een isaa hawaa irraa dhufuu hin oolu.

Mul'ata aartii,
uumamuu seelii
jalqabaa, gadi
fageenya
bishaan lafa
jalaa keessatti
(Richard Bizley).




Jijiirama jireenya Lafa irraa karaa
salphaan kan bakka bu'uu.
(Insaayikilooppiidiyaa Birtaanikaa).

Umurii dhagaa fi Hambawwan durii irratti hundaa'uun, saayintistoonni jireenyi lafarra gara waggoota biliyoona 3.5 dura akka jalqabe amanu.

Jalqaba irratti orgaanizimoonni jalqabaa elementoota keemikaalaa baay'ee ta'an kanneen salphaatti walitti hidhamanii molakiyuulota kan akka haayidiroojiinii, oksijiinii, naayitiroojiinii fi kaarboonii uumuun uumaman.

Waggoonni kumaa yommuu darbaa deeman, orgaanizimoonni walxaxaa ta'an kan akka biqiltootaa fi bineensotaa suuta suutaan uumaman. Dura bineensonni jalqabaa kan akka moluskii, achiis qurxummii fi simbirroonni, dhumarraatti immoo hoosistoonni mul'atan.

Namni ammayyaa Afrikaa keessatti naannoo waggaa 300,000 dura uumame. Ilmi namaa hundi sanyii Afriikaa ti.



Fakkii tuqaa halluu
diimaa qabu, kan
guddifame.

NASA/JPL-Caltech

Suuraan bara 1990tti qorannoo Voyager 1 'n lafa irraa fageenya kiiloo meetira biiliyoona 6.06 irratti kan fudhatame yoo ta'u, Lafti bakka akka tuqaa halluu diimaa ta'etti mul'ati.

Suuraan kun walduraa duubaan qaama suuraawwaan yaada Carl Sagan yeroo ergamnii jalqabaa Voyager 1 xumura irra ga'ee turee, erga suuraa Juupitaar, Saatarnii fi saatalaayitoota isaanii kaafamanii booda kaafamaniiti. Tartiiba walduraa duubaan kun, Lafaa fi pilaaneetota sirna Aduu kan biroo ilaalcha kanaan duran hin argamnee kan agarsiisedha.

Lafa: tuqaa bifaa halluu diimaa qabu

Suura lafaa Voyager 1n kaase eeruun,
Kaarl Saagan akkas jedhee barreesse:
‘Tuqaa sana ilaala. Sun kunooti. Sun
mana. Sun nuti. Isa irratti namni ati
jaallattu hundi, namni ati beektu hundi,
namni ati dhageesse hundi, ilmi namaa
hundi, jirenya isaa guutuu jiraate.

[...] Gootichi fi abshaalli hundi, [...], mootii fi
qonnaan bulaan hundi, dargaggoonni
jaalalaan qabaman hundi [...] achi jiraatu
turan [...].

Astronomiin muuxannoo gad of qabuu fi
amala namaa ijaaru akka ta’e
dubbatameera. Tarii Gowwummaa of-
tuulummaa dhala nama, Suuraa fagoo
addunyaa keenya xiqqoo kana caalaa
agarsiiftuun biroo hin jiru ta’.

Anaaf, itti gaafatamummaa keenya
caalaatti gaarummaadhaan wal ilaaluu,
akkasumas tuqaa bifaa halluu diimaa qabu,
mana tokkicha nuti beeknu kunuunsuu fi
eeguu qofadha.




Qormaata

Suuraa
bineensota kanaa
tartiiba isaan
Lafa irratti
mul'ataniin
qindeessuun ni
dandeessa?



Deebiin Dugda duuba jira



Deebii Qormaataa

Hawaan Kiisii koo keessaa Lakk. 25

Kitaabni bexxelleen kun bara 2022
Julietta Fierro Dhaabbata Astironoomii
UNAM, Meeksikoo fi Grażyna Stasińska
kan Dhaabbata qorannoo Hawaa Paariisin
Barreeffame.

Suurri Haguugduu: Suuraa lafaa isa
jalqabaa akka waliigalaatti, Mudde 7,
1972 miseensa garee Apollo 17 kan ta'e
Harrison Schmitt ergama dhumaa
NASAñ Ji'a irratti qubachuuf qabu
xumuruuf karaa irra jiruun kan fudhatame.
Lafti kun caalaatti marbili bifa diimaa
bareedaa fakkaata.



Waa'ee mata duree kanaa fi
waa'ee mata dureewwan
kitaaba xiqqaa kana
keessatti dhiyaatan
caalaatti baruuf maaloo as
daawwadhaa <http://www.tuimp.org>.

Hiikkaa:Jifaar Raayyaa,
Kabaa Beenyaa
TUIMP Creative Commons

